# Ibsa gabaabaa waa’ee Talaallii COVID-19

Talaalliwwan jiran martinuu COVID-19 ittisuu irratti sirritti akka hojjetan ragaalen yaalii (clinical trials) ni agarsiisu.

| | **Johnson & Johnson**<br>Talaallii adeenoovaayirasii (veektarii vaayirasii) | **Pfizer – BioNTech**<br>Pfizer fi Moderna'n lamaan isaanituu talaalliwwan mRNA ti. | **Moderna** | **Novavax**<br>Talaallii kutaa xiqqaa pirootinii (Protein subunit vaccine) |
|---|---|---|---|---|
| **Talaallii marsaa jalqabaatif dooziwwan meeqatu na barbaachisa?**<br><br>**Erga talaalliwwan walitti fufan jalqabaa keessan xumuurtanii torban 2 booda guutumaan guututti kan eegamtan taatu** | Namoota umuriin isaanii waggaa **18 fi isaa olii** gara caalaniif - **doozii 1** | Namoota umuriin isaanii **ji’a 6-waggaa 4 ta'aniif - doosiiwwan 3,** 1ffaa booda torban 3, 2ffaa booda torban 8. **Doozii sadaffaan lachee (bivalent) dha.**<br><br>Namoota umuriin isaanii waggaa 5 **fi isaa olii** gara caalaniif - **dooziwwan 2,** torbeewwan 3-8 addaan fagaatanii | Namoota umuriin isaanii **ji'a** 6 **fi isaa olii** gara caalaniif - **doosiiwwan 2,** torbeewwan 4-8 addaan fagaatanii | Namoota umuriin isaanii waggaa **12 fi isaa olii** gara caalaniif - **dooziwwan 2,** torbeewwan 3-8 addaan fagaatanii |
| | Namoota umuriin isaanii waggaa **18 fi isaa olii dandeettin dhibee ittisu qaama isaanii miidhameef - dooziiwwan 2,** doozii Johnson & Johnson 1, itti aansudhaan doozii jalqabaa erga fudhatanii yoo xiqqaate torbeewwan 4 booda talaallii mRNA tokko | Namoota umuriin isaanii waggaa 5 **fi isaa olii dandeettin dhibee ittisu qaama isaanii miidhameef - dooziiwwan 3,** doozii lammaffaa erga doozii jalqabaa fudhatanii torbeewwan 3 booda, doozii sadaffaa erga doozii lammaffaa fudhatanii yoo xiqqaate torbeewwan 4 booda | Namoota umuriin isaanii ji'oota 6 **fi isaa olii dandeettin dhibee ittisu qaama isaanii miidhameef - dooziiwwan 3,** doozii lammaffaa erga doozii jalqabaa fudhatanii torbeewwan 4 booda, doozii sadaffaa erga doozii lammaffaa fudhatanii yoo xiqqaate torbeewwan 4 booda | Namoota umuriin isaanii waggaa **12 fi isaa olii dandeettin dhibee ittisu qaama isaanii miidhameef - dooziiwwan 2,** doozii lammaffaa erga doozii jalqabaa fudhatanii torbeewwan 3 booda |
| **Talaallii kana fudhachuuf umurii hangam ta’uun qaba?** | Waggaa 18 yookin isaa ol | Ji'a 6 yookin isaa ol | Ji'a 6 yookin isaa ol | Waggaa 12 yookin isaa ol |
| **Doozii dandeettii ittisuu dabalu yoomin fudhachuu qaba?** | Doozii dhumaa keessan erga fudhattanii ji’oota 2 booda – namoota hedduu kanneen umuriin isaanii waggaa 18 fi isaa oliitif* | Doozii dhumaa keessan erga fudhattanii ji’oota 2 booda – namoota hedduu kanneen umuriin isaanii waggaa 5 fi isaa oliitif* | Doozii dhumaa keessan erga xumuurtanii ji’oota 2 booda ittisa dabalaa mRNA haaromfameef – ji’oota 6 fi isaa ol* | Doozii dhumaa keessan erga fudhattanii ji’oota 2 booda – namoota hedduu kanneen umuriin isaanii waggaa 12 fi isaa oliitif* |
| **Ani humneessituu isa kamiifan ulaagaa guuta?** | Namni umuriin isaa 18 fi isaa ol ta'e kamiyyuu, ittisa dabalaa* Pfizer ykn Moderna isa haaraa fudhata. | Namni umuriin isaa waggaa 5 ta'ee walfaannee Pfizer jalqabaa fudhate kamiyyuu, ittisa dabalaa Pfizer haaraadhaf ulaagaa ni guuta.<br><br>Namni umuriin isaa 6 fi isaa ol ta'e kamiyyuu, ittisa dabalaa* Pfizer ykn Moderna isa haaraa fudhata. | Namni umuriin isaa ji'a 6 – waggaa 4 ta'ee walfaannee Moderna jalqabaa xumuure kamiyyuu, ittisa dabalaa Moderna haaradhaaf ulaagaa ni guuta.<br><br>Namni umuriin isaa 5 fi isaa ol ta'e kamiyyuu, ittisa dabalaa* Pfizer ykn Moderna isa haaraa fudhata. | Namni umuriin isaa 12 fi isaa ol ta'e kamiyyuu, ittisa dabalaa* Pfizer ykn Moderna isa haaraa fudhata. |

**Haala adda ta'e keessatti namootni umuriin isaanii waggaa 18 fi sanaa ol ta'e tokko tokkos, erga walfaannee isaanii jalqabaa xumuuranii ji'oota 6 booda, ittisa dabalaa Novavax fudhachuudhaaf ulaagaa ni guutu. Odeeffannoo dabalataa argachuudhaf, maaloo doh.wa.gov/covidbooster ilaalaa.*

Vaccinate WA
CovidVaccineWA.org

| | Johnson & Johnson | Pfizer – BioNTech | Moderna | Novavax |
|---|---|---|---|---|
| **Qorannoo yaalii keessatti bu'a qabeessummaan talaallichaa maal fakkaata?** | Dhukkuba kamiyyuu irraa ittisuu **74%**<br>Dhukkuba cimaa irraa ittisuu **85%**<br>Dhukkubsatanii ciisuu yookin du'a ittisuu **100%** | Dhukkuba kamiyyuu irraa ittisuu **95%**<br>Du'a ittisuu **100%** | Dhukkuba kamiyyuu irraa ittisuu **94%**<br>Du'a ittisuu **100%** | Dhukkuba kamiyyuu irraa ittisuu **90%**<br>Du'a ittisuu **100%** |
| **Qabiyyeewwan (ingredients) maal fa'i?** | Talaallichi cooma, ashaboo fi sukkaara waliin qabiyyee socho'aa adeenoovaayirasii (active ingredient of adenovirus) of keessaa qaba. | Talaallichi cooma, ashaboo fi sukkaara waliin qabiyyee socho'aa mesenjar RNA (mRNA) of keessaa qaba. | Talaallichi cooma, ashaboo fi sukkaara waliin qabiyyee sochoa'aa mesenjar RNA (mRNA) of keessaa qaba. | Talaallichi cooma, soogidda fi sukkaara waliin qabiyyee socho'aa spike glycoprotein of keessaa qaba. |
| **Yaalii kilinikaa keessatti eenyutu hammatame?** | • 3.3% Eeshiyaanota<br>• 9.5% Indiyaanota Ameerikaa yookin Dhalattoota Alaaskaa<br>• 19.4% Gurraachota/Ameerikaanota Afrikaa<br>• 45% Lammiilee Ispeen/Laatin<br>• 0.2% Dhalattoota Hawaayi yookin Jiraattota Oddoola Paasifik<br>• 5.6% Sablammii garaa garaa<br>• 59% Adii<br><br>Namoota addnuyaa mara irraa yaaliicha (trial) irratti hirmaatan keessaa 41% kan ta'an rakkoo fayyaa bu'uuraa tokkoo yookin isaa ol kan qabaniidha | • 4% Eeshiyaanota<br>• 0.6% Indiyaanota Ameerikaa yookin Dhalattoota Alaaskaa<br>• 10% Gurraachota/Ameerikaanota Afrikaa<br>• 26% Lammiilee Ispeen/Laatin<br>• 0.2% Dhalattoota Hawaayi yookin Jiraattota Oddoola Paasifik<br>• 3% Sablammii garaa garaa<br>• 82% Adii<br><br>Namoota addnuyaa mara irraa yaaliicha (trial) irratti hirmaatan keessaa 46.2% kan ta'an rakkoo fayyaa bu'uuraa kan qabaniidha. Namota hirmaatan keessaa 34.8% rakkoo furdinaa kan qabaniidha. | • 5% Eeshiyaanota<br>• 1% Indiyaanota Ameerikaa yookin Dhalattoota Alaaskaa<br>• 10% Gurraachota/Ameerikaanota Afrikaa<br>• 20% Lammiilee Ispeen/Laatin<br>• 0.2% Dhalattoota Hawaayi yookin Jiraattota Oddoola Paasifik<br>• 2.1% kan ta'an "gosa biraati"<br>• 79% Adii<br><br>Namoota addnuyaa mara irraa yaaliicha (trial) irratti hirmaatan keessaa 22% kan ta'an rakkoo fayyaa cimaa kan qaban yoo ta'u, 4% kan ta'an ammoo rakkoo fayyaa cimaa tokkoo fi isaa ol qabu. | • 75% Adii<br>• 12% Gurraachota/Ameerikaanota Afrikaa<br>• 7% Indiyaanota Ameerikaa yookin Dhalattoota Alaaskaa<br>• 22% Lammiilee Ispeen/Laatiniks<br><br>Hirmaattota yaalichaa keessaa 95% balaa olaanaa qaban - umuriin isaanii waggaa 65 ol ta'anii dhukkuboota garaa garaa qabu yookan haalota jireenyaa yookan hojii COVID-19 dhaaf saaxilamuu deddeebi'ee dhufu beekamaa ta'e qaban yookan haalota uummata rukkaa of keessaa qaban |

Washington State Department of Health

**DOH 820-169 December 2022 Oromo**
Dookumentii kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maammiltootni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, kana irratti bilbila 711 (Washington Relay) yookiin Imeelii erga civil.rights@doh.wa.gov.